Talaallii COVID-19 warreen waggaa 5 hanga 11 tiif

Gaaffiiwwanii fi deebiiwwan warraa fi guddiftootaa

November 2021

Public Health
Seattle & King County

Maalif daa’imni koo talaallicha fudhata?

Daa’imman otuma mallattoowwan qabaachuu baatanii COVID-19n qabamuu fi yoo dhibaman namoota birootti dabarsuu ni danda’u.

Dhimmoonni COVID-19 da’imman keessaa baay’een amoo, garuu yeroo tokko tokko, COVID-19 **dhibee ulfaataa** hospitaalaa seenuu barbaachisu fiduu ni danda’a. Da’imman vaayirasii irraa **dhiibbaa yeroo-dheeraa** , COVID-dheeraa jedhamu, qabaachus ni danda’u.

Akka hawaasaatti, namoonni baay’een talaallii akkuma fudhataniin, harki caalaan keenya naga qabeessa taana.

Talaalliin daa’imaanii nagaalessaa fi bu’aa qabeessaa?

Eeyyee. FDAn qorannoowwan kilinikaa keessatti addaan ba’an **rakkina nageenyaa haalan yaaddessaa ta’e** talaalliin akka hin qabne fi dhukkubbii daa’immanii koronaavaayirasiidhan ka’e dhoowwuuratti **90% oli bu’a qabeessa** ta’u mirkaneesse.

Gosa talaallii kamtu daa’immaniif jira?

Ammatti, **talaallii Pfizer qofatu** daa’imman umrii 5 hanga11 tiif faayidaa yeroo muddamatiif eeyyamame.



Talaalliin daa’immanii talaallii warra umrii 12 fi olii tiin tokkumaa?

Lakki. Talaalliin Pfizer **daa’immaniif addatti qophaa’e**.

Talaalliin daa’immanii haaluma wal fakkaatuun hojjatame, garuu hangi isaa irra xiqqaadha:

- daa’immaniif **microgramota 10**
- ijoollee umriin isaanii kurna kessa jiran /saafelotaaf microgramota 30.

Namni hunduu torbeewwan sadi walirraa fageessee lilmoo lama fudhata.

Talaallii Daa’immanii keessa Qabiyyeewwan isaan kamtu jira?

Qabiyyee dammaqaan, **mRNA**, talaallii Pfizer umrii 12 oliitiif fi kan warreen umrii waggaa 5 hanga 11 tokkuma.

Talaalliin Pfizer warreen umrii waggaa 5 hanga 11tiif amino alcohol kan talaalliicha **dheeraa hamma hoo’inaa firiijii keessatti turuu** gargaaru of keessaa qaba. Talaallii umrii 12 tiif fi oliif tasgabbeessaawwan biroo (potassium chloride, potassium phosphate, fi sodium phosphate) fayyadamu.

Gosti talaallii Pfizer lachuu zayita (cooma), sodium chloride (soogidda), fi sucrose (sukaara) tokko qabu.

Talaalliin daa’immanii **bilisaa**?

Eeyyee. Talaalliin COVID-19 **yeroo hunda bilisa**.

Haalli inshuraansii ykn immigireeshinii isaanii akkuma fe’es yoo ta’e,talaalliiwwan COVID-19 namoota United States keessa jiraatan hundaafuu **baasii malee** dhiyaatu.

Daa’imni koo dhiibbawwan cinaa ni qabaata jedhee tilmaamuu?

Daa’imni keessan akkuma yeroo talaalliiwwan daa’imummaa biraa fudhatanii booda itti dhaga’amu sanatti itti dhaga’amuu ni mala. Kunneen mallattoowwan sirrii qaamni isaanii tika ijaaraa akka jiran agarsiisu dha.

Dhiibbawwan cinaa kan dabalatu:

- **Bututa harkaa**
- **Dhukkubbii qaamaa**
- **Oo’a**

Dhiibbaawwan cinaa yeroodhumaaf kan dhalatanii fi baay’inaan guyyoota1-2 keessatti badu.

Myocarditis fi talaallii daa’immanii gidduu walitti hidhannoon ni jira?

Dhimmoota haalaan darbe darbee keessa, namoota erga talaalliiwwan mRNA fudhatanii booda dhiita’insa irree onnee ni qabaatu. Dhiita’insi kun myocarditis kan jedhamu fi yaalamnaan dafee kan fayyu dha.

Qorannoo kilinikaa kan gaggeeffamuun itti fufuu fi CDC fi FDA n deebiiwwan dhalachuu danda’an ykn dhiibbaawwan cinaa biraa hin baratamne to’achuu fi addaan baasuu itti fufuu fi sirnoota iddoodhaa qabu.

Talaallii daa’imman umrii 5 hanga 11 eessan argachuu danda’a?

Dhiyeessiin talaallii daa’immanii jalqaba irratti daangeffamaa dha. Yeroo talaalliin dhiyaate, bakkeedhuma baay’ee talaalliiwwan COVID-19 gaheessotaa itti dhiyaachaa turanitti ta’a, fi kilinikkota addaa mana baruumsatti.

Bakkee isinitti dhiyoo jiru argachuuf, Barbaadduu Talaallii Isteeta WA fayyadamaa:
https://vaccinelocator.doh.wa.gov

Beellama talaallii daa’ima kootiif qophaa’uf maal gochuun qaba?

- **Huccuu harki gabaabaa ykn huccuu harki bal’aa ol dachaasuuf salphaa ta’e daa’ima keessanitti uffisaa.**

- **Daa’ima keessanitti dhugaa jiru itti himaa:** Daa’imni keessan lilmoo akka waraanamuuf deeman beekuu qabu. Lilmoon yeroodhaaf akka nama dhukkubsaa fi ykn akka qimmiiddaa namatti dhaga’ama.



- Daa’ima keessaniif **kitaaba ykn horgoggee xiqqoo** yeroo beellamaa fi yeroo gabaabaa talaallii erga fudhatanii booda eegan fayyadaman fidaa.

Bakkee talaallii dhaquun natti ulfaata. Gargaarsa maaltu jira?

- **Qaqqabiisa:** Yoo haalli akka isniniif mijatu barbaaddan, publichealthaccommodations@kingcounty.gov imeeli godha ykn 206-477-3977 irratti bilbilaa.
- **Gargaarsa afaanii:** Yoo turjumaana afaanii barbaaddan, Giddu gala Waamicha COVID-19 King Kaawuntiitti bilbilaa: 206-477-3977, 8 w.d.-7 w.b. Maaloo yeroo sarara irra galtan afaan filattan himaa.
- **Geejjiba tolaa:** Yoo gara beellama keessan ykn daa'ima keessan nama isiniif geessu barbaaddan, bit.ly/vaxride ilaalaa ykn 425-943-6706 bilbilaa (turjumaanaaf Wixataa-Jimaataa, 8:30 w.d.-4 w.b. 5 xuqaa).

kingcounty.gov/vaccine/oromo

Public Health
Seattle & King County